# XIINXALA WALDIDDAA ASOOSAMA *AARSAA*

DHUGUMAA GEETAHUN TOLEERAA

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHIRAL- AARTII

AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTII

GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE.

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII

KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA,

JOORNALIZIMIIFI QUNNAMTII,

YUUNIVARSIITII FINFINNEE

FULBAANA 2014/ 2021

FINFINNEE

# XIINXALA WALDIDDAA ASOOSAMA *AARSAA*

QORATAAN: DHUGUMAA GEETAHUN TOLEERAA

GORSITUUN: SIINQINESH ALAMUU (MA)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHIRAL AARTII

AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTII

GAMISAANGUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUU FI FOOKLOORII

KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA,

JOORNAALIZIMII FI QUNNAMTII

YUUNIVARSIITII FINFINNEE

FULBAANA 2014/2021

FINFINNEE

**Qabiyyee**

**Baafata** **Fuula**

galata ... i
Axereeraa ... ii
boqonnaa tokko: seensa ... 1
1.1 seen-duubee qorannichaa ... 1
1.2 ka'umsa qorannichaa ... 2
1.3 kaayyoo qorannichaa ... 3
1.3.1. kaayyoo gooroo ... 3
1.3 2. kaayyoo gooree ... 4
1.4. barbaachisummaa qorannichaa ... 4
1.5 daangaa qorannichaa ... 4
1.6. hanqina qorannichaa ... 5
1.7. qindoomina qorannichaa ... 5
1.8 seenaa barreessaa ... 5
boqonnaa lama: sakatta'a barruu ... 7
2.1. sakatta'a barruu yaad-rimee ... 7
2.1.1. maalummaa ogbarruu ... 7
2.1.2. faayidaa ogbarruu ... 7
2.1.3. akaakuu ogbarruu ... 8
2.1.3.1. ogafaan ( afoola) ... 8
2.1.3.2. ogbarruu barreeffamaa ... 8
2.1.3.3 maalummaa asoosamaa ... 8
2.1.3.4. faayidaa asoosamaa ... 9
2.1.3.5. akaakuu asoosamaa ... 9
2.1.3.5.1. asoosama gabaabaa ... 9
2.1.3.5.2. asoosama dheeraa ... 10
2.1.3.6. caacculee asoosamaa ... 10
2.1.3.7. waldiddaa (conflict) ... 11
2.1.3.7.1. waldiddaa qooddataa fi hiree isaa ... 11

2.1.3.7.2. waldiddaa qooddataa fi hawaasaa ........ 12
2.1.3.7.3. waldiddaa qooddataa fi uumaa ........ 12
2.1.3.8. sadarkaa waldiddaa ........ 12
2.1.3.8.1. ka'umsa (exposition) ........ 12
2.1.3.8.2. gocha finiinatti ceesisu ( rising action) ........ 12
2.1.3.8.3. fiixa ( climax) ........ 13
2.1.3.8.4. qabbaneessaa dubbii ( falling action) ........ 13
2.1.3.8.5. furmaata ( resolution) ........ 13
2.2. sakatta'a qorannoo walfakkii ........ 13
boqonnaa sadii: malleen qorannoo ........ 15
3.1 saxaxa qorannichaa ........ 15
3.2 mala iddatteessuu ........ 15
3.3. madda odeeffannoo ........ 15
3.4. mala funaansa ragaalee ........ 16
3.5. mala ragaan ittiin qaacceeffamu ........ 16
boqonnaa afur ........ 17
qaaccessa fi dhiyeessa ragaalee ........ 17
4.1. xiinxala waldiddaa asoosama aarsaa ........ 17
waldiddaa qooddataa obbo lammii fi fedhasaa gidduu ........ 17
4.1.1. waldiddaa qooddataa fi hiree isaa gidduu ........ 21
4.1.2. waldiddaa qooddataa fi uumama gidduu ........ 22
4.1.3. waldiddaa qooddataa fi hawaasa gidduu ........ 22
4.1.4. waldiddaa qooddataa fi uumaa ........ 25
**4.1.5. sadarkaalee waldiddaa** ........ 25
4.1.5.1.ka'umsa waldiddaa ........ 25
**4.1.5.2. waldiddaa gocha finiinatti ceesisu** ........ 25
4.1.5.3. waldiddaa fiixaa ........ 26
4.1.5.4. waldiddaa qabbaneessaa dubbii ........ 26
boqonnaa shan: ........ 28
cuunfaa, agannoofi yaboo ........ 28
5.1 cuunfaa ........ 28
5.2 arganno ........ 28
5.3. yaboo ........ 29
wabiilee ........ 30

## Galata

Hunda dura dursuudhaan, bu'aa ba'ii jireenyaa keessa na dabarsee sadarkaa kanaan na gahee hojii koo kana akkan hojjedhee xumuruuf kan ana gargaare rabbi guddaaf galanni haa ta'u. Itti aansuudhaan, fiixaan bahiinsa hojii kootiif daandii naaf saaqtee, akkaataa qorannoo gaggeessuu keessatti nuffe osoo hin jedhiin irra deddeebitee kan sirreessiteefi karaa ana qabsiiste gorsituu koo Siinqinesh Alamuu (Ma) osoo hin galateeffatiin darbuu hin barbaadu. Qorannoon Kun gorsaafi deeggersa keessaniin milkaa'e. Waaqni umurii keessan umurii harraagessaa haa godhu. Kanatti aansuudhaan abbaa koo obbo Geetahun Toleeraa fi haadha koo Aadde Lijituu Gannatii, akkasumas, obboleessa koo barsiisaa Nagaraa Geetahun jalqabaa kaasee hanga dhumaatti wantoota na barbaachisan naaf guutee milkaa'ina qorannoo koo kanaatiif deeggarsa baajataa fi gorsaan gargaarsa naa godhaniif rabbi umurii isaanii haadheeressu jechuun barbaada.

**Axereeraa**

*Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa waldiddaa asoosama 'Aarsaa' xiinxaluudha. Qorannoo kana qorachuuf kan na kakaase, hangaan qorannoo kitaabicha irratti hojjetame iaaluuf yaaletti gama kanaan qorannoon hojjetame hin jiru. Kanaaf, akaakuu waldiddaa addaan baasuu, qindoomina waldiddaa, jiruufi jireenya hawaasa keessatti maal akka fakkaatuufi Sadarkaalee waldiddaa addaan baasuudha. Qorannoo kana geggeessuufis mala Sakatta'a dookumentiin ragaan kan funaanamedha. Ragaan funaanames mala xiinxala akkamtaan kan geggeeffame yommuu ta'us, xiinxalli bal'aan kaayyoo gooree Bu'uureffatee geggeeffameera. Dhumarratti cuunfaan, argannoofi yaboon kitaaba 'Aarsaa' dhiyaataniiru.*

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seen-duubee Qorannichaa

Beekumsi dhalli namaa qabu turtii muuxannoo inni qabuufi dagaagina qorannoo qabu irraa ka'ee guddataafi jijjiiramaa adeema. Ogummaan saba Oromoo bali'aan barreeffamaan osoo hintaane, Ogafaaniin (Oral literature) dhalootaa dhalootatti darbaa tureera. Sababni isaas, Afaan Oromoo Seenaa kan qabuufi dhiibbaa, akkasumas, sirnoota mootummoota darbaniin danqamuu irraa kan ka'e Afaan hojiifi dhalootaa akka ta'uuf carraan hinkennamneef ( Misgaanuu, 2012) yoo ibsu, *“ogbarruun barreeffamaa qaamota gurgguddoo sadiitti qoodama”*. Fedhasaa (2013: 67) yoo ibsu, isaanis:

> *asoosama, walaloo fi diraamaa jedhamu. Kanneen keessaa asoosamni firiiwwan adda addaa of keessaa qaba. Jaargocha (history), nam-fakkii (character), waldiddaa ( conflict) yoomessa ( setting) fi kkf kaa'ee jira. Hojiin kunis firiiwwan Asoosamaa keessaa wal-dhabbii irratti kan xiyyeeffatedha.*

Og-barruun kan durii jalqabee hanga ammaatti muuxannoo jiruufi jireenya saba tokkoo dhalootarraa dhalootatti kan dabarsudha. Kun immoo, umurii dheeraa qabaachuu isaa Kan nama hubachiisuufi namoonni teeknooloojii barreeffamaan yaada isaanii ibsuu galmeessanii kaa'uu osoo hinjalqabiin dura afaaniin daddarbaa kan tureedha. Haa ta'u malee, ogbarruun Oromoo erga afaan Oromoo afaan hojiirra oolee ogbarruuwwan oromoo yeroo ammaa sarkaa guddaarra akka gahan gochuuf yaalamaa jira.

Asoosamni akaakuu ogbarruu keessaa isa tokko. Innis, meeshaa guddaa yaada ilma namaa keessa jiru ittiin bakkeetti baasaniifi akka daawwitii sabni tokko ofii isaa kan keessatti of ilaalu ta'uusaa addeeesa. ( Fish man, 1972) yommuu ibsu, *“sabni Oromoo haalota isa mudateefi isa mudachuu danda'an keessatti kan itti quuqamee fi Kan itti gammade asoosamaan kan keessa isaa jiru bakkeetti baasa jechuudha”* jedha.

Haaluma walfakkaatuun, Wasanee (2008) yommuu ibsu, *“asoosamni suuraa jireenya dhala namaati"* jedha. Yaada kanarraa Kan hubatamu, ogbarruun kan namni ittiin of ilaaluufi mudaa isaa ittiin sirreessuudha. Kana malees, asoosamni bu'aa ba'ii dhalli namaa wanta jiruufi jireenya isaa keessatti isa mudate darbee haalaan qindeessee lubbuu itti horee mi'eessee haala qabatamaa ta'een miira itti dhaga'ame barreessuun lafa ka'umsa Ogbarruun gooroo afoola gaggabe tokkotti

lubbuu horachuu akka danda'u ibsa. Kanaafuu, *“ogbarruun immoo ogafaan caalaa ergaafi kaayyoo barbaadameef galmaan gahuuf dandeettii gahaa qaba”* (Asafaa, 2009). Yaada armaan olii kanarraa Kan hubatamu, obgarruun barreeffamaan waan taa'uuf namni irra deddeebi'ee yoo dubbise ergaa isaa hubachuu danda'a.

Qorataanis, kanuma irraa ka'uudhaan og-barruuwwan keessaa asoosama dheeraa "Aarsaa" jedhu irratti waldiddaa achi keessatti argaman sakatta'uun qorannoo isaa geggeessee jira.

**1.2. Ka'umsa Qorannichaa**

Ogbarruu keessaa asoosamni Dheeraa beekumsaafi muuxannoo dhala namaa jiruufi jireenya namaa keessatti dhalootaa kaasee hanga du'aatti kan jiru bal'inaan ibsuu kan danda'udha. Kunis, waanta addunyaa kana irratti dalagamu jireenya ilmaan namaa keessatti mudatuufi mudachuu danda'u barreessaan asoosama addunyaa mataasaa uumeefi miidhagsee qindeessuun akkaataa qabatamaa jiruun kan ilmaan namaaf dhiyeessudha. (Asafaa, 2009).

> *Kanaafuu, Ogbarruun ogummaa haaraa osoo hintaane, jireenya dhala namaa kan quunnamaa tureefi quunnamuu danda'u irraa waraabamee namaan qindaa'ee waa'ee dhimma hawaasaa barreeffame sanaaf dhaamsa yookaan ergaa kan darbarsu ta'a.*
>
> *Kanaafuu ogbarruun ogummaa haaraa osoo hin ta'iin jireenya dhala namaa quunnamaa tureefi quunnamuu danda'urraa waraabamee namaan qindaa'ee dhimma hawaasaa barreeffame sanaaf dhaamsa yookaan ergaa kan dabarsu ta'a. Kanaaf ogbarruun ogummaa haaraa osoo hin ta'iin jireenya dhala namaa qunnamaa turee fi qunnamuu danda'u irraa waraabamee namaan qindaa'ee waa'ee dhimma hawaasaa barreeffamef sanaaf dhaamsa kan dabarsudh.* (Zarihuun; 1992).

Hojii ogbarruu keessaa asoosamni dalagaa tilmaamaafi akka tasaa yookaan abjuun barreeffamu osoo hin taane, waa'ee dhugaa hawaasa keessatti mul'ateefi mul'achuu danda'u irratti bu'uureffama. (Tafarii, 2008: 37). *“Ogbarruu keessatti seenaa sanbi tokko seenaa saba duudhaa, eenyummaa fi ilaalcha akkasusamas, falaasama qabuu fi kallattii mataa isaatiin akka of hubatuu fi ibsuu gochuuf humna qaba.* Haaluma kanaan, *" it isenecessary to study oromoo from the prespective of the oromo then salves"* Yaanni hayyuu kanaa kan agarsiisu eenyummaan Oromoo afoola isaa keessaan karaa og-barruu ifa bahuu danda'uusaati. Dabalataanis, Og-barruun ida'ama waan barreeffamee fi afaaniin darbuuti.

Asoosama keessatti barreessaan karaa caacculee miseensota isaa yaada ibsuu barbaade seeneffata. Bu'uuruma kanaan qooddattoota barreessaan uume gidduutti waldiddaan uumamu jiraachuufis ta'e fedhii keessa ofii guuttachuuf jecha namoota gidduutti walitti dhufeenyi adda addaa ennaa uumamu wal-dhabdeen qaamota lamaan gidduutti uumamuu hin oolu. Adeemsi kun immoo walamantaa dhabuu fi hamii fiduu danda'a. Kunis jiruufi jireenya dhala namaa keessatti mudachuunsaa kan hin hafne ta'uu nu hubachiisa. *"Ogummaa asoosama barreessuu keessattis walitti bu'insa kan jedhamu humna faallaa waliin ta'e lama gidduutti kan adeemsifamudha"*. (Zarihuun, 1992: 141).

Kanaaf Mata-dureen qorannoo qorataa kan Abiraam Jaalataatiin barreeffamee dhihaatedha. Haaluma kanaan, qorataan kun asoosama dheeraa 'Aarsaa' jedhu bara 2007 A.L.I maxxanfamee dubbistootaaf dhiyaate waldiddaa qaaccessuurratti kan xiyyeeffatedha. Kitaabni kun haaraa ta'uu isaa irraa Kan ka'e hanga beekumsa qorataatti kitaabicha irratti qorannoon gaggeeffame hin jiru.

Walumaa galatti qorannoon kun gaaffilee armaan gaditti dhiyaatan deebisuuf kan carraaqeedha jedhamee abdatama.

- Asoosamichi akaakuu waldiddaa isa kamitti dhimma bahe?
- Waldiddaan asoosamicha keessa jiru, jiruufi jireenya dhugummaa hawaasaa addunyaa kanarra jiruun wal fakkeenya qabaa?
- Akkaataan waldiddaan asoosamichaa itti qindaa'ee akkami?
- Sadarkaaleen waldiddaa asoosamichaa maal fakkaatu?

### 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Hojiin kamiyyu yeroo hojjetamu Kaayyoo mataa isaa qaba. Qorannoon kun kaayyoo gooroofi kaayyoo gooree irratti hundaa'uun Kan adeemsifamedha.

#### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon qorannoo kanaa inni bu'uurri waldiddaa asoosama dheeraa 'Aarsaa' keessatti mul'atan xiinxaluudha.

**1.3 2. Kaayyoo Gooree**

Kaayyoon gooree immoo kanneen armaan gadiiti. Isaanis:

- Akaakuu waldiddaa keessa asoosamichaatti argamu adda baasuu.
- Waldiddaan asoosamicha keessatti dhiyaate waldiddaa jiruufi jireenya hawaasa addunyaa kanarra jiruun walqabachuusaa adda baasuu.
- Qindoominni waldiddaa asoosamichaa maal akka fakkaatu ibsuu.
- Sadarkaalee waldiddaa asoosamichaa keessatti argamu ibsuu.

**1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa**

Bu'aan qorannoo kana irraa abdatamu asoosama tokko keessatti waldiddaaf xiyyeeffannoon kennameefi kaayyoo barbaadameef oolchuu irratti dubistootaaf bu'aa guddaa kenna. Irra caalaa immoo kanneen armaan gadiif karaa baay'ee fayyaduu danda'a jedhamee lafa kaa'ameera. Isaanis:

- Namoota qaaccessa waldiddaa Asoosamaa irratti qorannoo gadi fageenyaa gaggeessuuf barbaadaniif akka odeeffannoo tokkootti tilmaamuu danda'u.
- Namoota kitaaba kana dubbisuu barbaadan gosoota waldiddaa asoosamichaa beekuu akka danda'aniif gargaara.
- Barreessitootni asoosamaa asoosama barbaadaniif akkaataa waldiddaan itti qindaa'u akka hubataniif isaan gargaaruu danda'a.
- Namoonni asoosama dubbisan barreeffama asoosamaa keessatti gahee waldiddaan yaada miidhaksuuf qabu akka hubataniif gargaaruu danda'a.

**1.5. Daangaa Qorannichaa**

Qorannoon tokko wayita gaggeeffamu daangaa mataasaa qabaachuun isaa dirqama. Sababni isaa yeroo tokkotti qorannoo akaakuu garaagaraa qorachuun hin danda'amu. Qorannoon kunis kitaabilee asoosamaa Afaan Oromoo yeroo hammaa jiran keessaa asoosama dheeraa 'Aarsaa' irratti xiyyeeffachuun kan adeemsifamedha. Asoosama kana keessaas caacculee asoosamaa kan ta'e, waldiddaa irratti xiyyeeffata.

### 1.6. Hanqina Qorannichaa

Adeemsa qorannoo tokko gaggeessuu keessatti hanqinaaleen garaa garaa qorataa tokko ni mudatu. Haaluma kanaan qorataan, adeemsa qorannoo kana gaggeessuu keessatti hanqinoonni qorataa kana mudatan kanneen armaan gadiiti. Hanqinoota kanneen keessaa inni tokko Hanqina yerooti. Yeroon qorannoon kun itti hojjetame, yeroo barnootaa keessa waan ta'eef, gama kanaan hanqinni qorataa mudatee ture. Haa ta'u malee, qoratichi yeroo boqonnaa isaatti gargaaramee rakkoo kana jala darbeera.

### 1.7. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee shan of keessatti kan hammatedha. Boqonnaan tokko Seensa yommuu tahu, as jalatti Kan dhiyaatan: Seen-duubee Qorannichaa, Ka'umsa Qorannichaa, Kaayyoo Qorannichaa, Barbaachisummaa Qorannichaa, Hanqina Qorannichaa, Seenaa Barreessaa gabaabinaanifi Qindoominaati. Boqonnaan lama Sakatta'a barruuti. Mata duree kana jalatti kan dhiyaatan: Maalummaa Ogbarruu, Faayidaa Ogbarruu, Akaakuu Ogbarruu, Maalummaa Asoosamaa, Faayidaa Asoosamaa, Akaakuu Asoosamaa, Miseensota asoosamaa, Waldiddaa, akaakuuwwan waldiddaa, Sadarkaalee waldiddaafi Sakatta'a Qorannoo walfakkidha. Boqonnaan sadii Malleen qorannoo yommuu tahu, Saxaxa Qorannichaa, mala Iddatteessuu, Madda odeeffannoo, Mala Funaansa Ragaafi Mala Ragaan ittiin Qaacceeffamu of keessatti qabata. Boqonnaa Afur keessatti Xiinxalli Waldiddaa asoosamichaan walqabatan adeemsifamaniiru. Boqonnaa xumuraa keessatti Cuunfaa Argannoofi yaboon  dhiyaataniiru.

### 1.8. Seenaa Barreessaa

Ogbarruun afaan Oromoo waggoota muraasa keessatti guddina gaarii agarsiisaa jira. Kana kan mirkaneessus gosa ogbarruu keessaa asoosamaafi alasoosamni adda addaa kan baay'inaan tilmaamaman barreessitoota Afaan Oromootiin maxxanfamanii hawaasaaf dhiyaachaa jiraachuu isaaniiti.

Kanneen keessaas, barreessaa Abrahaam Jaalataa isa tokkodha. Innis, Fiilmii Afaan Oromoo jalqabaa kan ta'e "Eelaa" uummataaf gadhiise. Kana duras asoosama "Galaa dhiigaa" jedhu maxxansiiseera. Bara 2015 asoosama Mata-dureen isaa 'Aarsaa" jedhu maxxansee gabaarra oolchee ture.

Abrahaam Jaalataa asoosama jalqaba barruu fiilmiitiif qopheessee akka fiilmiitti jijjiiramuuf dhamaatii guddaa taasisus waan hin milkoofneef asoosamaan bahee maxxanfame. Haa tahu malee, barreeffamaan hawaasa bira gahuunsaa akka hawaasni eenyummaasaa hubatee, diinaaf gad hinjenneef humna guddaa kan itti horudha.

Kanumarraa ka'uun namootni tokko tokko Abroo-Eelaa Abroo Galaa dhiigaa, Abrahaam Aarsaa jechuun hojii saaniin waamamu. Maqaan isaanii inni duraa Mootii jedhama. Maqaa akkaakayyuun isaa moggaaseefidha. Haati haadha Abrahaam garuu Abrahaam jetteen. Maqaa Abrahaamiin mana barnootaatti waan galmaa'eef Abrahaam jedhamee hafe. Inni guddaan maqaa jijjiirrachuu miti seenaa maqaa tahu hojjechuudha malee.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

## 2.1. Sakatta'a Barruu yaad-rimee

### 2.1.1. Maalummaa Ogbarruu

*Ogbarruun hawaasa tokko ilaaluu keessatti hojii aartii uummatichaa kallattii garaagaraan dagaagsuun seenaa uummatichaa dagaagsuun, muuxannoo hawaasni tokko qabu irra dhaabbatanii guddina diinagdee hawaasummaa jabeessuuf humna kan qabudha.* Misgaanuu, 2011: 3).

Hayyoonni hedduun hiika ogbarruuf yaada adda addaa kennu.

*"Ogbarruun hojii kalaqaa ta'ee kanneen akka fedhii, gammachuu, hawwii, jibba, jaalalaafi kan kana fakkaatan lubbuu itti horee, miidhagsee, hojii ilma namaa walitti qindeessee kan agarsiisudha"*. Jechuun ibsa (Getaachoo, 2005: 133). Wasanee, 2008: 174 fi Zarihuun (1992: 37). Wabeeffachuun qabxiilee armaan gadii ibseera.

Ogbarruun dabarsa baattoo aadaa uummataa fi galmee jiruu fi jireenya kan namoota beekumsa adda addaatiin kalaqamee taa'edha. (Literature is the culture heritage of people. It is over lord man in a diversity from of various level life). Kana jechuun ogbarruu dhaaf hiika kennuun akka hin dada'amnnee fi ogbarruun muuxannoo jireenya keenya keessatti keessa darbudha. Waraabbii kana irraa wanti hubatamu ogbarruun dabarsa aadaa uummataa ta'ee darbuu mul'isa.

### 2.1.2. Faayidaa Ogbarruu

> *Faayidaan Ogbarruu safuu aadaa yookaan duudhaa saba tokkoo eeguufi kunuunsuu, akkasumas, barsiisuuf, gahee olaanaa kan qabudha. Kana jechuunis, haala sammuu gabbisuu barsiisuuf, eenyummaa hubachiisuu, bal'isanii akka yaadan gochuu fi duudhaa dhalootaa hawaasaaf dabrsuu, falaasamaafi seenaa duraanii as fiduun isa har'aa qajeelfachuuf ogbarruun faayidaa guddaa akka qabu ibsa.* (Wasanee2008:17). akka yaada kanarraa hubatamutti namni tokko waa'ee jiruufi jireenya isaa ibsachhufis tahe dhaloota gara fuula duraa barsiisuuf ogbarruutti Kan dhimma bahudha. Ogbarruun wal bira qabee seenaa, aadaafi duudhaa isaa dhaloota haaraa barsiisa.

Walumaa galatti ogbarruun hawaasni aadaa eenyumaasaa akka of beekuufi hubatu, aadaafi sirna isaa qoratuuf kan kakaasu akkasumas bashannsiisuu kan danda'udha.

### 2.1.3. Akaakuu Ogbarruu

Ogbarruun bifa ittiin dhiyaatuun bakka lamatti qoodama. Isaanis ogafaan (afoola) fi ogbarruu barreeffamaati (Fedhasaa, 2003 : 29).

#### 2.1.3.1. Ogafaan (afoola)

Ogafaan Akaakuu ogbarruu keessaa tokko ta'ee afaaniin dhalootaa gara dhalootaatti daddarbaa as gahedha. Umuriin isaa ogbarruu barreeffamaa wajjiin wal bira qabnee yoo ilaalle, umurii dheeraa qaba. Gooreewwan afaanii jedhamuun kanneen beekamanis, afoola, afseenessoo, unka gaggabaaboo warreen qabanidha. Mammaaksa, hiibboo, baacoo dha. Haa ta'u malee, xiyyeeffannaan keenya ogbarruu barreeffamaa keessaa asoosama irrattidha.

#### 2.1.3.2. Ogbarruu Barreeffamaa

Ogbarruun Barreeffamaa gosa ogbarruu ta'ee kalaqa yaada barreessaan kan barreeffamaan dhiyaatudha. (Tafarii, 2008: 34). *Hojiin ogbarruu barreeffamaa yaada barreessaan kan kalaqamedha.*

Kunis, kan gammachiisu yookaan kan gaddisiisu ta'uu danda'a. Barreeffamni tokko ogbarruu barreeffamaati yommuu jennu barreeffamni sun yaada qabatamaa ta'e tokko akkuma jirutti kan gabaasu osoo hintaane, barreessaan addunyaa haaraa uumee haala nama ajaa'ibuun ogbarruu jalatti kan dhiyaatudha. Haaluma kanaan barreeffamoonni ogbarruu jalatti qoodaman: asoosama dheeraa, asoosama gabaabaa, ogwalaloo, diraamaa fi kan fakkaatanidha. Qorannoon kun kan adeemsifame gooroowwan ogbarruu keessaa asoosama dheeraa 'Aarsaa' irrattidha.

#### 2.1.3.3. Maalummaa Asoosamaa

Asoosamni Akaakuu ogbarruu barreeffamaa keessaa isa tokko ta'ee seeneffama sababaafi bu'aa bu'uureffatee, tartiiba ta'iinsotaati raawwilee garaa garaa kanneen akka nam-fakkiilee, yoomessa, wal-diddaa, ergaafi sab-seenaan ijaaramaa kan qindaa'aa deemudha. Asoosama jechuun wanta tokko osoo hin taane, wanta ta'uu danda'u, waan dhugaa fakkaatu jechuudha. Addunyaa akka waan harkatti qabatanii namatti fakkeessa. Warra hinbeekne wajjin akka boo'an, gammadan, gaddan, rakkataniifi dhiphatan nama taasisa. Kana malees, asoosamni yaada dubbisaafi barreessaa walitti fiduu qofa osoo hintaane, namoonni yaada sammuu isaaniitiin akka burqisiisan isaan taasisa. Yaada kana ilaalchisee Meryer (1997: 11-12) akka ibsetti, *" dhugummaan dubbisaa*

*fi barreessaa hojii kalaqaa tokko uumu.* Yaadni kun Kan ibsu, hojiin dubbisaafi barreessaa inni guddaan wanta tokko bifa haaraan yookaan kalaqa qabuun kalaquun kaa'uudha.

#### 2.1.3.4. Faayidaa Asoosamaa

Asoosamni jireenya dhala namaaf faayidaalee hedduu qaba. Asoosamni gochaalee adda addaa haala jireenya hawwaasummaa keessatti namootni raawwatan qeequuf, barsiisuuf daandii sirriidha.

Faayidaa asoosamaa Fedhasaan. (2013:28 irratti yoo ibsu," Faayidaan asoosamaa gammachuufi boqonnaa sammuu nama gonfachiisuu, safuufi seera barsiisuu, gocha balaaleffachuu fi waan gaarii qeequudha. Yaada kanarraa Kan hubannu asoosamni faayidaa hedduu qabaachuu isaati.

#### 2.1.3.5. Akaakuu Asoosamaa

Asoosamni suura bu'aa ba'ii jireenya hawaasaa fi dhimma yookaan qabiyyee ibsuu irratti hundaa'uun bakka lamatti qoodama. Isaanis, Asoosama dheeraa fi asoosama gabaabaadha. (Asafaa,2009).

##### 2.1.3.5.1. Asoosama Gabaabaa

Asoosamni gabaabaan Ogbarruu keessaa tokko ta'ee dhimmoota hawaasa keessatti raawwatamaniifi fuulduratti ta'an barreeffamaan kalaqamee yeroo gabaabaa keessatti dubbifamee kan xummuramudha. Akkasumas, dhaamsa baaqqee firii tokkoo qofaa qabaachuu isaa kan nu agarsiisudha. Asoosamni gabaabaan dubbifamee xumuramuuf daqiiqaawwan 30-2:00 kan fudhatudha. Kanaafuu, iddoo tokko taa'amee dubbifamee kan xumuramudha jechuudha. Jaargocha yookaan sabseena salphaa ta'e qabaata. Yaanni bu'uuraa qooddataa ijoo irratti kan xiyyeeffatedha. Namoonni hedduun asoosama gabaabaa amala garaagaraan ibsu.

- Biiftuu ganamaati
- Bishaan burqituuti
- Bixxilleedha jedhu.

*Kana malees, asoosamni kun daqiiqaa soddoma (30) hanga sa'aatii lamaatti (2 :00) dubbifamee xumurama.* (Wasanee, 2008: 136).

Walumaa galatti asoosamni gabaabaa bifa hololootiin barreeffamu tokkummaa cimaa irratti kan hundaa'e jechoota kumaaf dhibba jahaa hanga kuma lamaa 1.600 - 20,000 hin caalleen kan barreeffamu seeneffama kalaqaati.

### 2.1.3.5.2. Asoosama Dheeraa

Assoosani dheeraa jaarraa 18ffaa keessa erga beekamee jalqabee hanga ammaatti gama adda addaatiin hiikuuf yaalameera. Garuu, hiika Namoonni marti irratti walii galan tokko lafa kaa'uun hin danda'amne. Sababni isaas, hayyoonni hedduun asoosama kallattii kalaqaan yookiin kaayyoo barreeffama isaatiin waan wal- qabsiisuuf namni hundi immoo asoosama kallattii tokkoon hinbarreessan waan ta'eefidha. Wasanee (2008: 84) *"asoosamni dheeraan gosa og-barruu keessaa tokko ta'ee dhalootaa hanga du'aatti haalli jiruu fi jireenya hawaasaa keessatti mul'tudha"* jedha. Akka yaada kanaatti asoosamni dheeraan seenaa tokko jalqabaa hanga dhumaatti kan seenessudha. Asoosamni dheeraan seenessaa bal'aa kan of-keessaa qabu waan ta'eef akka hojii kalaqaatti kan fudhatamudha. Tartiiba ta'iinsa muuxannoo ilma namaan wal-qabsiisee kan dhiyeessudha. Yaada kana ilaalchisee Misgaanuun ( 2011 : 108) akka ibsetti,

> *Asoosama dheeraa qaaccessuu keessatti waan guddaatu qaaccessarraa eegama. Akka asoosama gabaabaa, walaloofi barruu xiqqoo tokko waan hintaaneef nama qaaccessu tokko keessatti miira hedduu uuma. Asoosama dheeraa qaaccessuun hagam dadhabsiisaa yoo ta'eyyuu waan hedduu baruufi hojjechuuf carraa guddaadha. Sababni isaas, ergaawwan gurgguddoofi xixiqqoon waan keessatti argamaniifidha.*

Yaada kanarraa Kan hubatamu, asoosamni dheeraan seenessaa bal'aa qaaccessi isaa hojii cimaa kan gaafatuufi akka asoosama gabaabaa ergaa gabaabaa qofa osoo hin taane, ergaa gurgguddaafi xixiqqaas of keessatti Kan hammatu, akkasumas, nama asoosama dheeraa qaaccessuuf barnoota hedduu kan dabarsuufi muuxannoo hojii cimaa kan kennudha.

### 2.1.3.6. Caacculee Asoosamaa

> *Asoosama keessatti miseensonni asoosama tokkoof wiirtuu ta'uun akka dhiyeenyi asoosamichaa humna cimaafi tokkummaa qabaatu kan taasisu keessaa isa tokkodha. Caacculee asoosamaa kunniin jedhamanis; waldiddaa, ergaa, yoomessa, jaargocha, nam-fakkii, ijaafi seenaa jedhamuun addaan qoodamu.* (Fedhasaa, 2013; 68).

Kaayyoon qorannoo qorataan irratti xiyyeeffate immoo caacculee asoosamaa keessaa dhimmoota waldiddaa irratti dalagamedha.

#### 2.1.3.7. Waldiddaa (conflict)

Waldiddaan (walitti bu'iinsi) walitti dhufeenya humnoota wal mormanii seenaa asoosamaa keessatti dhiyeeffatanidha. Addunyaa keessatti namootni, bineensotnii fi kan kana fakkaatan fedhii isaanii guuttachuuf, galma gahuuf kaayyoon isaanii yeroo wa-lrukkutaniifi wal-arrabsan argina. Kunis, hojii asoosamaa keessatti qooddattootni fedhii isaaniifi kaayyoo isaanii guuttachuuf yoo deeman gufuun isaan mudata. *Gufuun kunis, nama sammuu isaa haalota kan biroofaa ta'uu danda'a. Si'a kana waldiddaan uumama jechuudha.* (Glen, 2008).

Akkasumas, walitti bu'iinsi kan uumamu qooddattootni (taatonni) addunyaa asoosamaa keessa jiran seenaa walitti dhufeenya godhan irraa ka'uun sababa addaa addaatiin walii galtee dhabuun uumamu waldiddaa jedhamee beekama. (Zarihuun, 2005). Yaadni Kun waldiddaan Kan uumamu yeroo qaamonni lamaafi isaa ol walii galuu dadhaban akka tahe agarsiisa.

Waldiddaan asoosama keessatti akka uumamu gargaara. Akka walii galaatti waldiddaan haala dhimma yaadame akkaataa walitti dhufeenya qaban irratti, akkaataa amantaafi fedhii isaanii hundaa ol'immoo akkaataa gosa seenichaafi dhimma bocamuu barbaadameefi kutaa hawaasaatiin addaa addummaa qaba.

##### 2.1.3.7.1. Waldiddaa Qooddataa Fi Hiree Isaa

Waldiddaan kun kan namni mataa isaa waliin carraa isaa mormuun sammuu isaa waliin taasisuun kan uumamudha. Kanaafuu, fedhiin hedduun al tokkotti sammuu qooddataatti dhufuu danda'a. Si'a kanatti waan raawwatamuu qabuufi dhiifamu wallaaluun yookaan murteessuu dhabuu irraa kan ka'e qooddataan ofuma isaa waliin wal dhaba. (Misgaanuu, 2012).

Dabalataanis kun kan uumamu yommuu qooddataan qaroominaan wantoota uumamaa dhiituun wal'aansoo taasisudha. Yeroo qooddataan uumama lafa irraa dhiitu, namoota jibbuu fi humnoota uumamaa to'annoo  namaa ol ta'an waliin walmormu, uumama loluuf of irraa faccisuuf, baqachuuf adeemuu keessatti wantoota hedduu keessa seena. Haaluma kanaan qooddataan gocha uumaa humna isaan olta'aniin yeroo waldidu yookiin uumama waaqaa kan faallessu waldiddaa qooddataaf uumama gidduutti uumamudha. ( Glen, 2008).

#### 2.1.3.7.2. Waldiddaa Qooddataa Fi Hawaasaa

Waldiddaan kun ennaa qooddataan tokko asoosama keessatti hawaasa uumamudha. *Dhimmoonni waldiddaan irratti uumamu: aadaa, duudhaa, garee hawaasaafi sirna jireenya hawaasaa waliin walitti bu'iinsa uumamudha. Sababiin kun ta'uu danda'us hawaasichi baroota dheeraaf dhimmoota kan kooti jedhee fudhatee ittiin buluufi sirna jireenyaa qaban ilaalchafi amantaa isaa waliin hafe waldiddaan akkasii kun ni uumama.* Zarihuun, 2005).

#### 2.1.3.7.3. Waldiddaa Qooddataa Fi Uumaa

Waldiddaan kun gosa waldiddaa alaa keessaa isa tokkodha. *Gosti waldiddaa kun baay'inaan kan mul'atu gosoota ogbarruu keessaa kanneen akka asoosamaa, baacoo Fi kitaabolee amantii yookiin ennaa waaqa waliin qooddataan wal dhabudha.* ( http/ WWW. google - conflict type).

Walumaa galatti waldiddaawwan armaan olitti caqasaman waldiddaa keessaafi alaati. Waldiddaa qooddataan hiree isaa waliin taasisu immoo waldiddaa keesaati. kanneen hafan sadan immoo waldiddaa alaati. Namoonni jiraachuuf jecha hariiroo morkii qabu uumama garaa garaa waliin godha. Asoosama keessattis qooddattootni yeroo baay'ee jajjaboo ta'anii argamu. Qooddattootni kun adda waan of godhaniif waldiddaan isaanii namoota hundaaf humnoota uumamaa kan to'annoo isaanii ol ta'e wajjiin uumamu. Humnoonni uumamaa kunis, yeroo yaada qooddattootaa sana galmaan gahuuf dhorkan yookaan fedhii isaanii daangessanidha. (WWW. Conflict type).

### 2.1.3.8. Sadarkaa Waldiddaa

Waldiddaan asoosama tokko keessatti uumamanii dhiyaatan kanneen Sadarkaalee adda addaa keessa turanidha.

#### 2.1.3.8.1. Ka'umsa (exposition)

Ka'umsi duraa duubaan ijaarsa gocha asoosama sanaa ibsa. *Ka'umsi gocha sana keessatti waantoota asoosama keessatti raawwatamuuf adeeman isaan muraasa dibbistootaaf odeeffannoo kenna* ( Graw hiil, 2000; 134). Kana jechuunis, waldiddaa tokkoof waan jalqabbii tahe jechuudha. Qooddattoonni asoosamaa maal irraa ka'aanii akka wal dhaban agarsiisa bakki Kun bakka ijoo waldhabbii dubbiiti.

#### 2.1.3.8.2. Gocha Finiinatti Ceesisu ( Rising Action)

Kutaa asoosamaa sana keessatti si'a ta'insoonni waldiddaa gidduu qooddataatti babal'atee finiinatti akka ce'u taasisuudha. ( Grawhiil, 34).

#### 2.1.3.8.3. Fiixa (climax)

Asoosama keessatti kutaan kun ta'insoonni yookaan ennaa waldiddaan jidduu qooddattootaatti hammaatee sadarkaa cimaa irra gahuu isaa mul'isa.

#### 2.1.3.8.4. Qabbaneessaa Dubbii ( Falling Action)

Sadarkaa kanatti immoo dubbiin duraan ture qabbanaa'ee seenaan jalqabame akka xummuramu kan taasisudha. Graw hiil, 2000).

#### 2.1.3.8.5. Furmaata (Resolution)

Waldiddaan qooddataa jidduutti uumame dhuma irratti furmaata tokkoon xummurama. (Graw hiil, 2000).

## 2.2. Sakatta'a Qorannoo Walfakkii

Qorannoon tokko wayita gaggeeffamu qorannoowwan qorannoo sanaan walfakkaatan sakatta'uun dirqama. Sababni isaas, ciminaafi hanqina qorannichaa irra dhaabachuun waan fooyya'uu qabu fooyyeessuun, waan haaraa qorannoo sanarraa adda ta'e lafa kaa'uuf nama gargaara. Haaluma kanaan, qorataan qorannoo isaa wayita gaggeessu qorannoowwan wal-fakkii argatee sakatta'eera.

Jabeessaa Shaawufi Zarituu Dhaabaa *"Qaaccessa waldiddaa asoosama dheeraa Hawwii "* kan ulaagaa digirii jalqabaa guuttachuuf Yuunivarsiitii Bulee Horaatti bara 2013 ALH hojjetame. Haata'u malee, kaayyoowwan gooree isaanii garaagara. Isaan wayita qorannoo kana gaggeessan kaayyoowwan gooree isaanii:

- Akaakuu Waldiddaa asoosama dheeraa Afaan Oromoo Hawwii keessatti argaman ibsuu
- Akkaataa itti fayyadama waldiddaan asoosamicha keessatti dhimma itti bahame ibsuu.
- Bu'aa waldiddaa asoosamicha keessatti qabu addaan baasuu irratti xiyyeeffatamu.

Qorannoon kun immoo isa kanarraa garaagarummaa qaba.

Amiin Kadir *"Qaaccessa waldiddaa asoosama dheeraa Raayyaa Dhugaa "*Yuunivarsiitii Madda Walaabuutti bara 2010 ulaagaa digirii jalqabaa guuttachuuf dhiyaate.

Qorannoon kun kaayyoowwan gooree:

- Waldiddaa asoosama dheeraa Raayyaa Dhugaa keessatti argaman gosoota waldiddaa adda addaa jalatti qooduun qaaccessuu
- Waldiddaan asoosama dheeraa Raayyaa Dhugaa eenyu eenyu gidduutti akka uumame adda baasuun ibsuu.
- Waldiddaan asoosama dheeraa Raayyaa Dhugaa haala hawaasummaa kamiin akka ibsu adda baasuu.
- Waldiddaa asoosama dheeraa Raayyaa Dhugaa dagaagina jaargochaa keessatti haala kamiin akka dhiyaate ibsuu.

Qorannoon kunis qorannoo qorataan gaggeessee jiruun garaagarummaa qaba. Garaagarummaan kunis: qindoomina waldiddaa asoosamichaa, sadarkaalee waldiddaa asoosamaa ibsuun isa jedhuun garaagarummaa qaba.

## BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNOO

### 3.1 Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon tokko kan galma gahu yommuu qorataan malleen qorannoo jiran keessaa kan isa gargaaru yookiin isa adeemsisu gosa qorannoo isaa irratti hundaa'uun filatee itti gargaaramudha. Malli qorannoo tokkoo kan filatamu faayidaa fi bu'aa inni kennu irratti hundaa'eeti.

Qorannoon kunis kan inni irratti gaggeeffame caacculee asoosamaa jiran keessaa waldiddaa asoosama dheeraa 'Aarsaa' keessatti argaman sakatta'uudhaan qaaccessuun dhiyeessuu irratti kan xiyyeeffatedha. Qorannoon adeemsifame kun gosa qorannoo keessaa Sakatta'a barruu waan ta'eef, malli qorannoo kana gaggeessuu keessatti dhimma itti ba'ame mala qorannoo akkamtaa yookiin mala qorannoo qulqqulleeffataa fayyadamuudhaan qorannoon kun kan gaggeeffamedha.

### 3.2 Mala Iddatteessuu

Mala qorannoo kana keessatti iddattoo muraasa fudhachuun qorannoo tokko gaggeessuun barbaachisaadha. Sababni isaas, amanamummaafi fudhatamummaa qorannoo sanaafis barbaachisaa waan ta'eefi. Kanaafuu, qorannoon kunis mala akkamtaatti dhimma bahuun iddatteeffamee jira. Sababni isaas, kitaabonni afaan Oromootiin barreeffaman hedduu waan ta'aniif, isaan kana hunda irratti yeroo tokkotti qorannoo irratti gaggeessuun waan hin danda'amneef, isaan keessaa qorataan kunis kitaaba asoosama dheeraa 'Aarsaa' filachuun qorannoo kana kan gaggeessedha. Malli qorataan kun kitaaba asoosama dheeraa 'Aarsaa' kana ittiin filates, gosa qorannoo akkamtaa keessaa mala kaayyeeffatanii, filachuutiin kan filatamedha. Kitaabni asoosamaa kunis, caacculee asoosamaa kanneen akka jaargochaa waldiddaa, yoomessaa, nam-fakkii, ergaa, seenaafi ija fa'a kan of keessaa qabudha. Kanaafuu, caacculee kanneen hunda irratti yeroo tokkotti qorannoo gaggeessuun waan hindanda'amneef isaan keessaa mala qorannoo kaayyeffatanii filachuutti dhimma bahuun waldiddaa asoosamichaa keessatti argamu fudhachuun kitaabicha jalqabaa kaasee hanga dhumaatti sakatta'uun kan qaaccessedha.

### 3.3. Madda odeeffannoo

Qorannoon kamiyyuu yeroo gaggeeffamu madda odeeffannoo mataa isaa qaba. Haaluma kanaan, qorataanis yeroon qorannoo kana gaggeessetti madda ragaa tokkoffaatti dhimma bahuudhaani. Maddi ragaa tokkoffaa kunis kitaabichuma qorannoon irratti gaggeeffame kana ‘Aarsaa’ dha.

### 3.4. Mala Funaansa Ragaalee

Qorannoon kun yeroo gaggeeffamaa ture qorataan asoosama dheeraa'Aarsaa' xiinxaluun waldiddaa asoosamicha keessatti argaman qaaccessee dhiyeessuuf mala funaansa ragaa jiran keessaa Sakatta'a galmee yookaan dookumantii kanan fayyadamedha.Innis kitaabicha seeraan erga dubbisee boodaa ragaalee barbaacisoo ta'an adda baasuun akkaataa barbaachisummaaf Kaayyoo qabatee ka'eetti funaaneera. Ragaan adda baafames xiinxalaaf dhiyaateera.

### 3.5. Mala Ragaan Ittiin Qaacceeffamu

Qorannoon kun kan inni adeemsifamaa ture malleen xiinxala ragaalee jiran keessaa mala qorannoo akkamtaa filateeti. Odeeffannoon iddattoo isaa irraa argamu lakkaa'amuu yookiin bifa lakkoofsaatiin taa'uu waan hin dandeenyeefidha. Kana jechuunis, mala xiinxala akkamtaatti dhimma bahuuni. Ragaaleen argamaan jechaan waan taheef kan qaacceeffamus mala kanaani.

# BOQONNAA AFUR: QAACCESSA FI DHIYEESSA RAGAALEE

Boqonnaa kana keessatti ragaaleen asoosamicha keessa jiran sirnaan qaacceeffamuun asoosaan (barreessaan) gosoota waldiddaa isaan kamitti akka gargaarame waldiddaawwan kanneen fayyadamuun dhaamsa (ergaa) akkamii akka dabarseefi waldiddaawwan kunis, dhugaa qabatamaa hawaasa keessa jiru ibsuufi dhiisuu isaa addaan bahee hiikkaa isaa waliin dhiyaatee jira.

## 4.1. Xiinxala waldiddaa asoosama Aarsaa

### Waldiddaa Qooddataa Obbo Lammii Fi Fedhasaa Gidduu

Waldiddaan namaafi namaa wal-dhabdee namfakkiilee gidduutti uumamudha. Waldiddaan haala kanaan huumamu wal hinaafuufi yaadaan waldhabuu irraa madda. Kana malees, yaadaan walsimachuu dhiisuufi kan kotu caalaa irraa kan uumamudha. Haalli akkanaa namfakkoomii kaayyoo walii gufachiisuuf carraaqu. Kana gochuufis tarsiimoo baafatu. Tarsiimoo isaanii kana galama ga'achuuf carraaqu. Tarsiimoon isaanii kun yoo fashalaa'es abdii hin kutan. Amma addunyaa kanarraa wal-dhabamsiisaniitti ifaaju. Yeroo kana waldiddaan uumama. Waldiddaan akkasii immoo waldiddaa namaafi namaa jedhama. Waldiddaan akkasii asoosama dheeraa 'Aarsaa' keessatti calaqisiifameera.

> *...Obbo Latiin afaan irraa butee, haala kanaan munaaguuf wayita yaaltu xiqqooma hin qaanoftuu garuu? ittiin jedhe. Afuura tokkoon wuskii buufatee cullux godhee morma jala obbo Fedhasaa hudhee qabee raasaa kaayyoo burqaan dhaabbateef sitti himus sii saree kanaaf hin gal. Siif dhiisii kanneen irraan cimoo harrabaan gootota keessaan immoo siif lakkuu abbaa garaa garaa hin qabne sanaafuu hin galle. Harree" jedhe obbo Latiin ... ( fuul:31.*

Afeen armaan olii kun asoosama 'Aarsaa' keessaa fudhatame. As- keessaa bakka obbo Fedhasaafi Latiin itti waldhabanidha. Ciroo" morma jalaa hudhee qabee raase" jedhu yoo ilaalle walitti bu'uu isaan lamaanii agarsiisa. Namni tokko yoo nama lole malee nama hin hudhu. Kanaaf, yaadni olii Kun walitti bu'insa jarreen lamanii kallattiin nutti agarsiisa.

> *...Latiin dhaabbatee fincaan asii gadi cor...rrr...rorororo...godha. Dudduubaan gaadidduu nama qaxxisuu quba hin qabu. Rukuttaa cimaan saggoorra rukutame. Obbo Latiin kufe. Gaadidduun isarra gadi gonboobe mudhii keessaa shukkaa si'a baafatu Latiin lafarra akka diriireen of irratti ilaale. Waan argaa jiru qoosaasitti fakkaate. Irraan, qoma Latii cinaacha bitaa jalaan onnee isaatti hudumame. Kan hudume keessatti mimicciire. Latii, dhiigni afaan, funyaaniifi bakka waraaname*

> *qoma jalaa; burqe. Latiin akka nasiibaa, qaanqeen ijasaa duraa faca'aa ammas ilaaluuf yaale. Harki gilaavii kaawwate, samsonaawwitii Latii teessoo konkolaataa dudduubee irraa, harki harka nyaate kaase. Ariitiin, karaa jalqabe*...fuula, 35.

Afeen armaan olii kun "Aarsaa" keessaa fudhatame. Bakka kanatti obbo Latiifi Fedhasaan wayita wal dhaban argina. Latiin rukkutamee dhiiga afaaniif funyaaniin dhiiga. Afee kana keessaa " dhiigni afaaniif funyaaniin, bakka waraanamee qoma jala," jedhan miidhamuu Latii agarsiisu. As keessatti miidhaan ga'eera. Kun ammoo walitti bu'insa obbo Latiifi Fedhasaa gidduutti ta'e agarsiisa. Haaluma kanaan waldhabbiin kun kan addunyaa dhugaa keessatti kan mul'atudha. Kunis namoonni wayita fedhii isaanii guuttachuuf wal dhaban agarsiisa.

> *“Hidhamtoonni garuu uummataan wayita hidhamaa tokko kuffiisanii abbootteefi dhiitichoon haleelan argee obsa dhabe. Obsa dhabaa miilla fuudhe. Taajjabbiin ilaale." Maaloo, maaloo dhiisaa? haala kadhaan gaafate. Inni tokko ofijaniin ija hamaan ceekuu jalaan dalga erga ilaalee booda" maal si gashe?" jedheen. Ofijaan yaadaan teellaatti deebi'ee gaafa Latii gargaaretti yaadaan ilaale. Sagalee dararamaa kan reebamu keessaa ba'u dhaga'aa, dhiisee qajeele. Lama, sadii tarkaanfate. Sagalee dhaggeeffatuun aariin morma hudhee nyaarri walitti guurame. Aara afuura aaru baafatee ofirra galagale. Dhiisaa jedhe Ofijaan dheekkamsaan E...E...H..." jedhe sigaaraa xuuxe aara isaa baasaa, Ofijaan , ofirraa qolatee, qaawwa argateen kansaa abboottee affeere. Gurbaan hanga harbaa ga'u libsuu ijaa gidduutti lafa dhahee, diriire. Warri kaan isa reebaa turan dhiisanii Ofijanitti duulani...hunda ishee lafa naqe*...fuula:74).

Waraabbii armaan olii irraa wanti hubatamu, namfakkooliin dantaa mataa isaanii guuttachuuf, akkasumas, Kaayyoo isaanii guuttachuuf yaadaan wal dhabanii lafarraa wal dhabamsiisantu muli'ata. Waldiddaan akkasii kun immoo gaso waldiddaa alaa ta'ee waldiddaa namaa fi namaa jedhamuun beekama.

**Waldiddaa Qooddataa Inspector Kumaa fi Komaandar Beekaa Gidduu**

Waldiddaan qooddattoota gidduutti kan uumamu fedhii walfakkaatu yookiin fedhii garaagaraa qabaachuu isaanii irraa kan ka'edha. Waldiddaa kana keessatti qooddattootni ilaalcha tokkos ta'e faallaa yoo qabaatan gareen lamaanuu olaantummaa argatanii waan fedhan sana kan ofii taasifachuuf waan tattaafataniif (carraaqaniif) waldiddaan uumama. Waldiddaan gosa kanaa asoosama dheeraa 'Aarsaa' keessatti argaman akka armaan gadiitti xiinxalamuun dhiyaata.

Yaadni asoosamicha keessatti waldiddaa qooddattootaafi qooddataa gidduu jiru kan mul'isu afee itti aanuun dhiyaateera.

> ...*Yeroo siif kennameen waan irra geesse gabaasa kee asirratti minjaala kana irratti bor ganama arguun fedha. Fixeera. "Insp/ Kumaatti ija babaasaa dubbate. "Komaandar yeroo xiqqoo naaf obsi." Insp/ kumaan haala kadhaan gaafate. Xumureera. Hojjaa sidura tuulametti deebi'iin immoo sigorsa..."Dhimma Ofijaan kanallee, hanga kana itti dadhabe akkasitti hin dhiisu. " Insp/ Kumaan sagalee guddaan dheekkamsa eegale*. Fuula, 222- 223).

Yaada waraabbii armaan oliirraa wanti hubatamu, Inspector Kumaafi Komaandar Kumaa gidduutti garaagarummaan ilaalchaa waan jiruuf gidduu saaniitti walitti bu'insi uumameera. Kanarraa ka'uun yaada Inspector Kumaafi Komaandar Beekaa irraa wanti hubatamu Inspector Kumaan dhimma barbaacha Ofijaan ilaalchisee fayyaasaa ta'es, du'aasaa hanga ijaan arguutti barbaadamuu akka qabu mul'isa. Komaandar Beekaan garuu Ofijaan akka arguu hindandeenye beekeera. Kanaafuu, bineensaan nyaatameera jedhee gabaasuu duwwaa akka ture mul'isa. Waldiddaan qooddattoota lamaan gidduutti uumame kun dhugaa hawaasa keessa jiruun yoo ilaalamu hawaasicha keessatti Namoonni adda addaa daraarama gama siyaasaan isaanirra ga'u jalaa miliquuf gama adda addaan yaalii hedduu ni taasisu. Si'a kana immoo, qaamoleen mootummaa poolisoonni hordoffii addaa addaa ni gaggeessu. Haata'u malee, argamuu dhiisuu ni danda'u. Adeemsa kana keessatti Namoonni qaama poolisiin hin qabamiin biyyoota adda addaatti imalanis jiraachuu namatti agarsiisa.

Gama biraatiin, qabatamummaan ergaa waldiddaa qooddattoota gidduutti uumames gara addunyaa dhugaatti fiduun yoo ilaalamu kan ifatti mul'atudha. Kunis, namoonni qaama poolisiin barbaadaman kan badii adda addaa dalagan; fakkeenya, lubbuu ajjeessaan hanna irratti kan hirmaatan miliquuf kan yaalan, butii kan raawwatan kun hedduun jiraachuu mul'isa. Yaada kana balaaleffachuun kan sababa siyaasaan qofa hacuucamanii rakkoon adda addaa irra ga'uun hawaasa keessa jiraachuuf rakkatanis jiraachuu isaanii namatti agarsiisa. Kana malees, asoosama kana keessatti yaadonni waldiddaa qooddattoota lamaan gidduutti uumames afee armaan gadiin dhiyaateera.

> *.... Koomaandar Beekaan akka rinciccaa'een. "Isa akka barbaaddetti fudhadhu. An garuu akkan seera kabajee, seera kabachiisuuf hojjachaan jira. Seeraafi Heera kabajee eyyama baafadhee dhuunfaa koon ogummaa koon hojjachuuf*

> *kanan gaafataa jirus, seeraafi heeraaf buluu, kabajuufi ogummaa koo akka jaaladhu ibsa." Insp/ Kumaan Diriirsaa dubbachaa, teessuma irraa ol ka'e...*fuula' 223).

Waraabbii kana irraa wanti hubatamu, qooddattoonni Ispector Kumaafi Komaandar Beekaa gidduu waldiddaan jiraachuu isaati. Komaandar Beekaan dhimma barbaacha Ofijaan ilaalchisee odeeffannoo argate gabaasee hordoffii taasifameen bineensaan nyaatamuu isaa hime. Ispector Kumaan immoo odeeffannoo inni kennetti quufuu dhabuun waldiddaan akka gidduu isaaniitti uumamuuf sababa ta'eera. Qabatamummaan yookaan dhugummaa waldiddaa kanaa taateewwan hawaasa keessatti ta'aa ooluun waliin wal-qabsiifamee yoo ilaalamu, qabatamummaa qaba. Addunyaa haqaa keessattis namoonni qaama mootummaa keessaa hojjetan kan wal shakkan ni jiru. As-keessatti inni tokko mootummaaf kan dhimme ta'ee argama. Inni tokko immoo faallaa siyaasaa ta'uun akka icciitiin mootummaa tokko bahee faallaa siyaasaa ta'etti wal shakkuun miidhaa jiru gara Komaandar Beekaatti jallisuun Inspector Kumaan yaada dheekkamsaan of guutee macha'aaeera. Kanaafuu, qooddattoonni immoo dhugaa hawaasa keessatti muli'ataa jiru waliin wal fakkeenya waan qabuuf dhugummaa qaba. Kana malees, ergaan waldiddaa qooddattoota kana gidduutti uumame kan namatti mul'isu Namni tokko qaama mootummaa deegaraa jiru ta'ee garuu, faallaa siyaasa mootummaa sanaa ta'uu akka danda'us ni agarsiisa. Dabalataan walitti bu'insi afee kanaa: *"An keessaa hin qabu. Kun hundi maalifiga? " Gaafate Saj/ Oliin. " Haqa barbaachaaf, " deebiseef Insp/ Kumaan. " Inni dhimma keeti. Anaan egaa iddoo gufuu sanatti na buusi. Tokko lamaan waraannadha. (*Fuula: 220).

Waraabbii kana irraa wanti hubatamu, waldiddaan Saajin Oliifi Ispector Kumaa gidduutti uumameera. Saajin Oliin dhimma hordoffii ofiisaarratti adeemsifameen bineensaan nyaatamuusaa yoo ibsu Ispector Kumaan immoo yaada isaa mormuun baduu yookiin miliquu isaa keessaa akka inni harka qabu (beekuutti) yaada isaa ibsate. Kanaafuu, waldiddaan gama ilaalchaan gidduu isaaniitti uumameera. Dhugummaan waldiddaa qooddattoota kana lamaan gidduutti uumames yoo ilaalamu gara addunyaa isa dhugaatti fiduun yommuu wal bira qabamu jecha Saajin Oliin jedherraa ka'uun Namoonni qaama poolisiin qabamanii to'annoo jala oolan miidhaan mul'ataafi dhokataan irra ni ga'a. Kan du'anis, jiraachuu hin oolu. Gochi akkasii kun immoo addunyaa dhugaa keessa jiraachuu agarsiisa. Haaluma walfakkaatuun waldiddaan

qooddataafi qooddataa gidduutti mul'ate kun ka'umsi isaa yaadaafi ilaalcha faallaa irraa ka'uun uumame.

### 4.1.1. Waldiddaa Qooddataa fi Hiree Isaa Gidduu

Waldiddaan kun wal'aansoo qooddataan carraa hamaa isa mudate jibbuun kan uumamudha. Waldiddaan kun ennaa qooddataan jireenya isaa keessatti wanta gaarii hin taane isa irra ga'eefi jireenya isaa quunname jibbaa, wal'aansoo bultoo isaa gaggeeffachuuf isa mudatu jaalalaan osoo hin taane, dirqama kan nama quunnamudha. Haala kana kan agarsiisu asoosama 'Aarsaa' keessaa kan armaan gadiiti.

> *..." Lakki." Hundarraan daftee deebisteef. Afuura dheeraa baafatte. Olii fi gadi qaroo hinagarre keessaa garuu argaa qaru qabuun ilaaltee itti fufte. "Lakki ...warri keenya nurraa dhumnaan hundi keenya karaa karaan bobaane. Of-jiraachisuuf, mana warra sooreyyii tokkotti mucaa qabuuf mucummaan qacaramne. Ijoolee daa'ima waanan ta'eef, anaan, nyaatni mucaa na harkatti dhangala'u dheekkamsas natti burqaa dhangalase. Silaa anuu daa'imaa mii? Qulqulinaan mucaa qabuunis salphaa hintaane, Kanaf yeroo mara reebamuun miindaa dabalataa naaf ta'e. Kan gaaf tokkoo garuu qaroo koo agartu..." jettee yaada keessa seente.* Fuula, 147- 148).

Yaada waraabbii armaan olii irraa wanti hubatamu, Hundarraan bu'aa ba'ii jireenya keessa darbetti wal'aansoon jireenyaa eelaa guddaa kan dagatamuu hindandeenye keessa isaatti mallatteeffamuun osoo carraan hamaan akkasii maatii isaa du'i irraa fixuun mudannoon kun quunnamuunis isaaf kan barbaachisu ta'uusaa mul'isa. Garuu, hireen ishee gadadoofi rakkoo adda addaa keessa waan ishee galcheef carraa ishee mudatetti abaaraa quuqamuusheefi yeroo daa'imummaa isheetti itti gaafatamummaan itti kenname ulfaataa kan ta'e ta'uu namatti agarsiisa. Dhugummaan waldiddaa kanaas, yoo ilaalamu gochaawwan hawaasa keessatti hojiirra oolaa jiruun wal qabsiisuun yoo ilaalamu qabatamummaa qaba. Sababni isaas, gara addunyaa haqaa keessatti daa'imman maatiin isaanii irraa dhuman rokkooleen adda addaa ni mudata. Fakkeenyaaf, obbolaawwan addaan faca'uun, uffata itti hin huffisan, barnoota hinbarsiisan, gaa'ela akka hingodhanneefis kan dhiibbaa taasisan ni jiru.

### 4.1.2. Waldiddaa Qooddataa fi Uumama Gidduu

Waldiddaa kana keessatti qooddataan uumama lafarraa, namoota yoo jibbu, humnoota uumamaan to'annoo namaan ol ta'an waliin wal morma. Kunis, uumama loluuf, baqachuuf adeemuu keessatti wantoota hedduu keessa seena.

> *...Ofijaan lammii boonaa ammas" Aneenyu? Of gaafate bookeen wal guurtee qulleensarra raafamtu arge kannee balbalaafi minjaala irra gurmaa'anii taa'anis, bookee daawwate. "An bookee kanamoo? Uumama bookee gadiiti? Of gaafate. Ana miti. Osoo naan hidhuu dandeesse, wal-ga'iin uummata miliyoonotaan lakkaawamu anumaan anumaaf walii galus, walii galuu baatus, walitti hin qabamu ture. An yoomiyyuu hidhamaa miti. Hidhamtuun hidhamuusheetti amantee, hidhamte hidhaan hidhaarraa hiikus eessa yaa dhaquu? Akkamitti yaa dubbadhuu? yaa ka'uu? yaa taa'uu? gaafattudha malee Ana miti."* ....fuula,88).

Yaada waraabbii kanarraa wanti hubatamu, Ofijaan dararama isa irra qaqqabetti gaddee uumama isaa bifa waaqaan uumame dhiisee akka uumama bifa bookee gaditti of fakkeessuu yaade haa ta'u malee, dararamni isarra gahe kun kaayyoo namoota miliyoonotaan lakka'amanii hidhuu hindandeenye yookaan hindaangessine. Kanaafuu, inni haala isa mudate irraa ka'ee yoo ibsu kan bookee ta'e namoota dhimma hojjetaniif dubbatan irratti beekumsaafi dandeettii gahaa dhabanii yaada nama biroon gaggeeffaman ta'uu isaanii namatti agarsiisa. Akkasumas, inni nama beekumsaafi dandeettii cimaa qabaachuusaa nama hubachiisa.

Dhugummaan waldiddaa qooddataa kanaa yoo ilaalamu sabni tokko dhimmarratti hacuucaman irratti yoo harka walqabatanii, yaadaan tokko ta'anii, osoo lagaan wal hin qoodiin qabsoo cimaa taasisan kan injifannoo gonfatan ta'uusaa taateen dubbii waraabbichaa dhugaa hawaasa keessatti mula'taa jiruun wal fakkeenya waan qabuuf dhugummaa qabaachuusaa agarsiisa.

### 4.1.3. Waldiddaa Qooddataa fi Hawaasa Gidduu

Waldiddaan kun ennaa qooddataan tokko aadaa, duudhaa garee hawaasa tokkoon mormudha. Gareen namoota aadaa, duudhaa, ilaalchaa fi amantii wal fakkaatu qabaatanii, qooddataan tokko immoo qofaasaa isaan faallessuun yoo wal dide; akkasumas, hawaasni waan haaraa ta'e qabatanii yeroo deeman waan durii achi osoo isaan hin tarkaanfachiisiin qooddataa fuuldura dhaabbata. Waldiddaa kanarraa wanti hubatamu, ennaa qooddataan tokko qofaasaa dhaabbachuun yaada gareen hawaasa tokkoo jaallate, itti amanee duukaa bu'aa jiruu faallessuun laalcha ofiisaa

qabatee akka garaan qooddataa barbaade ta'ee jiraachuu hawwuu isaa kan namatti agarsiisudha. Gosti waldiddaa kanaas asoosama dheeraa 'Aarsaa' keessatti mul'ateera.

> *"Kanaan dura sababa too sitti himeeraam. Akaakaa koo irraa saala hormaataa muree, Akkahoo too haadhasaa irraa harma hodhe irraa muree, kan garaagaraa baqayisee gadi dhiiga jiyyisee, harmaafi qaama saala hormaataa muree gatee, lafee maatii isaa irratti biyya kan ijaare jechuu dandeenyaan kan nu dura dhaabbatu hin jiruufi dha. Kanaaf kan tasumaa bilaasha ta'uu hin qabu turee; bilaasha ta'ee turus har'a itti fayyadamuuf dirree abbaa dirree ancaalaan caale dirree ofii irratti kan caalu ittiin mirkanaa'aadha. Kakuun afaanirraa Butte, "kun tasumaa nama hin amansiisu. "Dheekkamsaan dubbatte. "Kanaaf isa abaaruutu nama amansiisakaa?" "Odoo danda'ame lafee isaa baasanii gubuu ture." Kakuun aariin urgufamaa dubbatte.* Fuula, 157-158).

Akka yaada waraabbii kana irraa hubachuuf yaalametti, Hundarraan jaalala Goobanaa Daaceen yommuu qabamu Kakuun immoo baay'ee itti aaruun yaada ishee mormuun yommuu dhiyeessitu, sababa akka isheen hin jaallanneef kan ta'u immoo Goobanaa Daacee sablammiin Oromoo hintaane, hacuuccaa saba Oromoo irra qaqqabsiisaa kan ture ta'uu isaa Kakuun itti quuqamuun akka isheen isa hinjaallanne kan taasise jiraachuu namatti agarsiisa. Dhugummaan yookaan qabatamummaan Waldiddaa qooddattoota lamaan gidduutti uumame kana gara addunyaa dhugaatti fidnee yoo ilaallu; sablammii Oromoo hin ta'iin sana kan bakka bu'uu hin dandeenyeen eelaan isaa immoo saba Oromoo keessa taa'ee dhalootaa dhalootatti darbuun madaa keessa isaanii kan kakaasu ta'uun ilaalcha jibbisiisaa saba Oromoo hintaane, irratti fiduun isaa dhugaa hawaasa keessatti muli'ataa jiruun wal fakkeenya waan qabuuf dhugummaa ni qaba.

Kana malees, ergaan waldiddaa qooddattootaa kan namatti mul'isu namni tokko bu'uura hawaasummaa tokkoo saba godhachuun fakkeenya sablammii Oromoo hintaane irratti waldiddaa uummaa jiraachuu isaa agarsiisa. Waldiddaan akkasii asoosama dheeraa 'Aarsaa' keessatti calaqqisee jira.

> *“Lafeen lafee lafeen lafee jabaatee, lafee barbaadu waan hin jirreefikaa! Foon lafee hin qabne harrabaan wal faarsuu sababa malee wal abaaruun harrabni waan lafee baasefikaa! Harrabaan wal faaluuf gamtaan gamtaa'ee waan duuleefi kaa! Goobanaa lafeen isaa iyyuu eess akka boqote hin beekamne abaaruun seenaan wal harrabsuu seenaan waan haromsameef galagalee ilaaluuf mormi waan dhibeefi kaa! Akka farda gaarii cancalamtee harabni cancalamee Gobanaa bakka hin jirretti kore odoo irraa hin bu'iin, akka cancalamee kun ABO, Kun DHDUO kunimmoo hamaamota ABO dhan, waan wal harrabsuuf yeroo dhabee*

> *Oromummaaf ifaajaa Aadaa wal dhageettii, bulu coomaa haraaraa Oromoo irraa fagaateefi kaa! Kun har'ammoo micayyoon qaraa hin qabne tun maaluma agarteef yeroo dhabee harrabaaf ana fabalateera. Animmoo kanaan booda eenyuun iyyu hin sodaadhu. Sababa malees, eenyuun iyyuu hin harrabsu kun murtoo dhuunfaa tooti. Gobanaa Daacee seenaan maatii keessaa darbee jiruu seenaaf itti fayyadamuuf faarsuun mormii too eegaleera*.Fuula, 158-159).

Yaada waraabbii kanarraa wanti hubatamu, Hundarraan yommuu sabni Oromoo baay'een madaa keessa isaa ni kaasa waanti itti hawaasni yookaan sabni quuqamaa jiru otoo beekanii yaadaan, ilaalchaan, wal dhaga'uu dhabuun akka qaama tokkotti walta'anii socho'uun wanta bu'a qabeessa hojjechuurra, waliin qabsaa'uurra yaada adda addaa walirratti kaasuun yookaan hololaan akka wal buusaa jiran namatti mul'isa. Kana malees, ergaan qooddattoota kana gidduutti uumame kan namatti agarsiisu namni tokko bu'uura hawaasummaa tokkoo sababa godhachuun (Fakkeenya Oromummaa) kunis, haala qabatamummaa hawaasa keessa jiruun dhugummaa qaba. Waldiddaan akkasii asoosama dheeraa 'Aarsaa' keessatti calaqiseera.

> *"Ganama barii baraaqa hunduu ifa ture. Kan uumaan ifaa ifaan uumama badhaase. Uumamni nama tokko kuffiisuuf ifa sana mancaasaa haphisaa ofitti dukkaneesse male. Tokkoon laga ce'uuf riqucha, tokkoon ol ba'uf yaabbannaa godhatee kan ifa itti wal sarbe. Qulqulluu, qulqulluu qulqulummaan ifaan deemu yakkaan xaxee kan sakaale; kufisee ifa kan itti dukkaneesse. Kanneen sammuu garaa dhadacha seeraa kabajamaa cilee dukkanaa haguugan. Addunyaan ifaan uumamtee ifa battu ifa dukkaneessan ilmaan dukkanaa hudduu, danuu horatteen dukkanni dukkana wal muude; wal dhalchisee dukkanaan dukkana keessa ofumaa jooruuf bakka loogdus*...fuula, 301).

Yaadni waraabbii kanarraa hubatamuuf yaalame, Qooddataan Hundarraan yeroo itti hawaasni gosa tokkoo walta'uun hawaasa gosa biroo immoo, ofirraa achi qabuun kan waaqxi hawaasa maraaf mirga wal-qixxee kennee haa jiraataniif kaan immoo, aduu aduu guyyaa kana itti dukkaneessaa, dhugaa jiru balleessuun hawaasa tokkoof looguun kaan immoo cunqursaan sammuu dhalootaa kan doomsan jiraachuu isaanii namatti agarsiisa. Eegaan waldiddaa kanarraa hubatamus, namoonni tokko kan namni tokko aadaasaa, safuu, duudhaa hawaasa keessa jiru tuffachuufi hawaasa tokko ol kaasuun kaan immoo gadi buusuun beekumsa isaanii tuffachuun jiraachuu namatti agarsiisa.

#### 4.1.4. Waldiddaa Qooddataa fi Uumaa

Gosti waldiddaa kanaa baay'inaan kan mul'atu gosoota ogbarruu keessaa kanneen akka asoosamaa, baacoofi kitaabolee amantii keessatti ennaa qooddataan waaqa wajjiin yaadaan wal dhabu kan uumamudha. Waldiddaan akkasii kun kan uumamu ennaa qooddataan jireenya isaa keessatti wanta gadhee isa mudatetti aaruun waaqatu akkas nataasise isatu natti fide rakkoo kana jechaa otuu na ajjeese naaf wayya kana mannaa jedhee of dhiphisuu isaa nama hubachiisa. Waldiddaan akkasii asoosama dheeraa 'Aarsaa' keessatti mul'ateera.

> "*Hayyee hayyee hayyee hayyee hayyee hayyee hayyee hayyee! yaa waaqa uumaa yaa uumaa uuamama maraa hayyee! na ajjeesi jennaan na didde. Kana caalaa maaluma na agarsiisuuf, na dhageessisuuf akka na tursitu situ beeka Beekaa koo hayyee! Sagaleen uumaa, aayyoo na ajjeesi kadhaaf watwaatu gadadoo isaa keessaaf gadda ga'e. Ofijaan olii fi gadi ilaalaa; waan arguun of taajjabaa, gadda keessan sarbaa miila ispoortiin jabaateen faana fuudhe*... (Fuula, 15)

Yaada waraabbii kana irraa kan hubatamu, yeroo Ofijaan uumaan yookiin waaqaan walitti bu'ee ennaa inni dubbatu argina. Qooddataan kun yeroo haalli jureenya isaa bita itti gale ilaalee uumaa isaa yookiin rabbiin maalif akkas na rakkistaa, bultoo natti hadheessitee maaf garaa natti jabaatta jedhee ennaa inni waaqa komachaa haasa'u (dubbatu) argina. Qabatamummaa waldiddaa kanaa gara addunyaa dhugaatti tiduun yoo ilaalamu namni yeroo baay'ee ennaa haalli jireenyaa itti hammaatu yeroo inni waaqa yookiin uumaa isaa komatu ni argina.

#### 4.1.5. Sadarkaalee Waldiddaa

##### 4.1.5.1. Ka'umsa Waldiddaa

*..."Ofijaan olii fi gadi ilaalaa; waan arguun of- taajjabaa, gadda keessaan sarbaa miilaa ispoortiin jabaateen faana fuudhe..."lafa abbaa, abbaa abaabilee abboo koorra qotuu hin danda'uu?"* Fuula,15).

Hafee kanarraa wanti hubatamu, si'a Ofijaan waan arguufi dhaga'uun dhimmoota hawaasa keessatti raawwatamaa jiran ilaalee taajjabaa quuqama keessa isaa jiruun mormuu ennaa eegalu argina. Qabatamummaan hafee kana irraa dhugaa hawaasa keessa jiruun yoo ilaalamu namni tokko hojii biyya isaa keessatti dalagame (hojjetame) ilaalee yoo itti quufuu dadhabu falmii kaasa. Kun jiruufi jireenya namaa keessatti wanta argamaa jirudha.

##### 4.1.5.2. Waldiddaa Gocha Finiinatti Ceesisu

> *..."Ayi yaa magaalaa shaggar! Ayi yaa ganda ilmaan Gullallee ooyiruu Tufaa Munaa! Magaalaan shaggar Uummata Oromoo nyaachuudhaan hundoofte Uummata Oromoo fi dacheesaa nyaachaa har'a geesse kun yoomuma quufti laata?"...barataan kara nagaan gaafatee deebiin rasaasa, hidhaafi biyyaa itti ba'ee sana galmee Keessaa of keessatti dubbise. Ka'innis keessa qooddate sana yaadatee, ijisaa imimmaan lolaaste*. Fuula, 212 - 213).

Waraabbii kanarraa wanti hubatamu, Ofijaan dhimma magaalaa Shaggar irratti waldiddaa keessa isaa jiru si'a cimaa adeemu mul'isa. Kunis gochaalee sirna bulchiinsaa keessa jiran ceepha'a. Rakkoo jiruuf obsa fixate yeroo dararamni uummata Oromoo mararratti ta'u waa'een lammii isaa marrummaan isaa kan gubu ta'uusaa argina.

**4.1.5.3. Waldiddaa Fiixaa**

> *" Dhibamuun koo itti nadhiyeesseera. Afaan guutee baaka jechuuf na hafa. Ta'us garuu Gadaa kaleessaa dhaloota deebisuuf dhaloota dhaloota riqicha ta'ee falmatu keessaa tokko ta'uuf, adda durummaan hanga Aarsaa lubbutti of kennuuf of ijaaraa of qopheessaan jira...*Fuula, 340 - 341).

Waldiddaa armaan olii irraa wanti hubatamu, Ofijaan dhimma qabsaa'aa jiru keessatti rakkoolee isarra gahaa ture tuffachaa abdiifi kaayyoo isaa mirkaneessuuf yookaan sirna bulchiinsa hawaasa bali'aa kabajee bulchuu warra tuffataniin ceepha'aa mullatasaa galmaan gahuuf kan xiyyeeffatee deemaa jiru ta'uusaa argina. Qabatamummaan Waldiddaa kanaas, si'a itti namni kaayyoo cimaa qabu tokko dhimma qabsaa'urratti otoo dhiibamuu waan falmatu irratti yoo dadhabu dhiisee amma dhumaatti itti deemee waan jalaa dhokfamuuf ka'e akka deebifachuu danda'u ibsa. Kunis, dhugummaan isaa jiruufi jireenya hawaasaa keessatti hojiirra oolaa jira.

**4.1.5.4. Waldiddaa Qabbaneessaa Dubbii**

*..."Ofijaan Lammii Boonaa! Pls hin dhama'in waggaa lamaan sadan tokko booda anuu yeroon dhufu sin barbaadaati...hinjoorin: Hundumaattis himii, nagaa koos naaf dabarsi. Waan fedheef immoo anuu gidduu kana siifan bilbila.*" Fuula, 371).

Waldiddaan waraabbii armaan olii irraa hubatamu, Ofijaan Lammii Boonaa si'a inni otoo barbaadamaa jiruu jalaa miliqee gara Awuroophaa deeme jira. Inspeekter Kumaan garuu barbaachasaatti baay'ee dadhabaa jiraachuusaa dhaga'ee bilbileef, inni garuu nagaa gaafachuu didee " Obbo Latii sumatu ajjeese? jedhee gaafate. Ofijaan garuu duras badiisaa malee waan dararamaa tureef akka inni hin ajjeessne keessike beeka jedhee deebiseef. Kun kan agarsiisu

Ofijaan biyya keessatti dararamaa ture dhiisee demeera. Waldiddaawwan uumamaa turanis kan dhaabbatan ta'uusaa mul'isa. Qabatamummaan Waldiddaa kanaas si'a namni tokko badii tokko malee biyyasaa keessatti dararamni adda addaa qaama mootummaan ennaa irra gahu biyya alaatti imalan argina. Kunis rakkinicha jalaa ooluuf jecha kan haala kanaan deeman kunis dhugaa hawaasa keessatti argaman mul'isa.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, AGANNOOFI YABOO

## 5.1. Cuunfaa

Qorannoon kun qaacceessa Waldiddaa asoosama dheeraa 'Aarsaa' ti. Kaayyoon Qorannichaas asoosamni dheeraa 'Aarsaa' jedhamu kun gosoota waldiddaa isaan kamitti akka dhimma itti bahe adda baasuu, akkasumas, asoosamicha keessatti waldiddaan jiru dhugaa hawaasa keessa jiruun walitti dhufeenya akkamii akka qabu ibsameera.

Haaluma kanaan, qaacceessa asoosamichaarraa bu'aan argame akka mul'isutti asoosamichi seenaa dhugaarratti hundaa'ee waan barreeffameef qooddattoonni asoosamicha keessatti waldiddaa uuman kanneen garaa garaati. Isaanis: waldiddaa qooddataafi qooddataa, waldiddaa qooddataafi hiree isaa, waldiddaa qooddataafi hawaasaa, Waldiddaa qooddataafi uumamaa, waldiddaa qooddataafi uumaa dha.

Dabalataanis, ergaa waldiddaa qooddattoota kanaa qorataan hamma hubate ibsuuf yaaleera. Darbees hawaasni addunyaa isa dhugaa keessa jiraatu ergaa asoosama dheeraa 'Aarsaa' irraa argate isa gaarii ta'e akka gabbifatuuf isa gaarii hintaaneef, hawaasicha biratti hinjaallatamne irraa ammoo of to'achuu akka qaban kan barsiisudha.

## 5.2. Argannoo

Argannoon bu'aa qorannoo kanaa qaacceessa Waldiddaa asoosama dheeraa 'Aarsaa' jedhu kanarraa wanta argame bu'uura godhachuun, guduunfaan isaa haala armaan gadiin kaahameera.

- Akka qaacceessa Waldiddaa asoosama 'Aarsaa' kanarraa hubatamuuf yaalametti waldiddaawwan shanitti (5) gargaaremeera. Isaanis: waldiddaa qooddataafi qooddataan hiree isaa waliin, uumama waliin, hawaasa waliiniifi uumaa gidduutti uumamuu irraan kan ka'e dhugaa qabatamaa hawaasa addunyaa isa dhugaa ta'e keessatti kan mul'atu taateewwan garaagaraa gargaaramuun dhugummaan taateewwan kanaa haalaan akka hubatamu nama taasisa.
- Waldiddaawwan qooddattoota gidduutti uumaman tokkoon tokkoon isaanii dhugaa qabatamaa hawaasa keessa jiru ta'uu isaanii irraan kan ka'e dhaamsi isaanii addunyaa isa dhugaa keessa jiru barsiisuurratti gahee olaanaa akka taphatan namatti mul'isa.
- Waldiddaan asoosama kanaas akka walii galaatti aadaa, duudhaa, eenyummaafi safuu hawaasa Oromoo eeguudhaan kan kalaqame ta'uunsaa kan ifatti mul'atudha.

### 5.3. Yaboo

Asoosamni kun jiruufi jireenya hawaasa bu'uureffatee barreeffame. Haaluma kanaan waa'ee jiruufi jireenya hawaasa kallattii garaagaraan agarsiisa. Kana waan ta'eef, namni gara fuula duraatti qorannoo gaggeessu yoo jiraate, osoo kallattii kanaa gadiin qoratee gaarii ta'a.

1. Namni qorannoo kana geggeessuufis kallattii yaaxxina Maarkisiizimiin yoo qorate gaarii ta'a.

2. Namfakkiileen asoosama kanaa hawaasa bakka bu'anii dhiyaatan qabu. Kanaaf, namni qorannoo gaggeessu Nam-fakkiilee irratti qorannoo osoo geggeessee.

3. 3 Malleen Dubbii irratti osoo qorannoo geggeesse gaarii ta'a.

**Wabiilee**


Abrahaam Jaalataa. (2015). *Aarsaa.* Mana maxxansaa raajii

Addunyaa Barkeessaa.(2011). *Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo Hujoo:* Finfinnee: keyline printing press.

Asaffaa Tafarraa.(2009). *Eela. Seenaa ogummaa Oromoo.* Finfinnee: Far East Trading plc

Fedhasaa Taaddasaa.(2013). *Subii : Bu'uuraalee og-barruu Oromoo.* Finfinnee: far East  P L C

-------------------(2017).*Bu'uuraalee og-barruu Oromoo* Finfinnee Ilsabaa publishing

Fish Man, Joshu A.(1972). *Language and Nationalism. Two integrative Eassys*. New Hury house publishers, Inc.

Getaachoo Rabbirraa.(2005). *Furtuu.* Finfinnee: Kuraz printing press.

Graw hiil .(2000). *Organizational Conflict, politics, and change.* Graw hiil Companis, Inc.

Glen G.(2008). *Investigation into the causes of international conflict.* Pennsylvania state University.

Meryer J.(1997). *What is literature*. Harcout Brace.

George, R. A. and Jones.(1995). *Fokloristic: An Introduction Bilooming to Indian polis*:Indian University press.

Misgaanuu Gulummaa.2011). *Dilbii: Bu'uura Afoola agafaaniifi og- walaloo Oromoo* Finfinnee. Sub printing press.

-----------------(2012). *Yandoo. Ogummaa fi ogwalaloo Oromoo.* Finfinnee Oromiyaa

Tafarii Nugusee. (2008). *Fundamental of Literature.* Ambo University (unpublished) Distance education.

Toora Intarneetii http.// WWW.google. Conflict type Emay printers.

Wasanee Bashaa. (2008). *Bantuu Haaraa* Finfinnee

ዘሪሁን አስፋው . (1992). የስነ ጽሁፍ መሠረታውያን፡፡ ንግድ ማተሚያ ድርጅት የታተመ፤ አዲስ አበባ
___________ (2005). *Yesinatsut masarawii. (2nd edi.)* Addis Ababa University.

## Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani baratаan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii koo ta’uu isaa ibsaa, hojiin kun kanaan dura Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti kan hindhiyaannee, ta’uu isaafi yaadawwan qorannoo kanaa dubbisee hunda isaanii wabii keessa kaa’uu koo mallattoo kootiin nan mirkanneessa.

Maqaa Qorataa: ......................................................................

Mallattoo: ...............................................................................

Guyyaa: ...................................................................................

Maqaa Gorsituu: ......................................................................

Mallattoo: ...............................................................................

Guyyaa:.....................................................................................